ADDA BILISUMMAA OROMOO OROMO LIBERATION FRONT

08 Waxxabajjii 2017

Addi Bilisummaa Oromoo (ABO) jijjiraa qubee Afaan Oromoo irratti mootummaa Adda Bilisa Baaftuu Ummata Tigraay'n (ABUT) tahe haalaan balaaleffata

Sirna barruu qubee Afaan Oromoo geddaruun mootummaa Adda Bilisa Baaftuu Ummata Tigraay (ABUT) itti fufiinsa haloo diinummaa aadaa fi Afaan Oromoo irratti qban tahuun waan shakkisiisu miti. Murtiin isaanii kun qaama duula sanyii duguuggaa Oromoo irratti deemaa jiruu, qaama aadaa fi Afaan Oromoo mancaasuu fi xiqqeessuu ti.

Haata'umalee, dhimma Oromoo keessa seenanii jeequmsa adda addaa uumuun isa duraa miti. Irra deddeebi'anii Oromoo akka nam-tokkeetis akka hawaasaatti haqa ilmoo namummaa sarbuun, ajjeechaa fi hidhaan dararaa jiru. Gorsaa fi aangoo Abbootii Gadaa irra tarkaanfachuudhaan ajeechaan humni mootummaa ABUT ayyaana Irreechaa bara 2016 Har-Sadii Bushooftuu tti taasise waan irraanfatamu miti.

Hayyoonni Afaan Oromoo fi barsiisonni Afaan Oromoo mootummaan abbaa irree kun toora qubee kana jijjiiruudhaaf sababni seera afaaniirrattis tahu sababa qajeelfama barnootaa irratti irkatu tokkollee akka hin jirre mirkaneessanii jiru. Afaanni Oromoo kan Oromoo ti, akka inni itti barreefamu kan jijjiirratus uummata Oromoo ti. Mootummaa abbaa irree ABUT wnnii keessa galchu tokkolleen hin jiraatu.

Oromiyaan har'a labsii yeroo hatattamaa waliin wal-qabtee humna waraanaan qabamtee jirti. Imaammanni labsii kanaa akka fedhanitti ajjeesuu fi hidhuuf akka tolutti. Mootummaa humna waraanaa jalatti tuxxuqqaan qubee Afaan Oromoo itti fufiinsa duula duguuggaa sanyii, lafarraa arihuu, dhukkubaaf saaxiluu fi biyyarraa arihuu waggoottan digdamii shaniif deemaa jiranii ti. Hammeenyi amma jijjiirraa toora qubee Afaan Oromoo irratti xiyyeefate kun roga ittiin lubbuu Oromoo ball'eessuuf aggaamame tahuun hubatamee haxxummaan dura dhaabbatamuu qaba.

Faallaa haqa ilmoo namummaa fi danqaa gudina faanii fi aadaa keenyaa waan tahe kanaaf furmaanni bilisummaa saba Oromoo fi walaboomuu Oromiyaa ti jenna. Duulli qindaawaa fi qixaawaa tahe tokko mootummaa gabroomfataa kana kaasee bilisummaa fi nagaa akka argamsiisu ni hubanna. Kanaaf, geengoo cunqursaa mootummaa ABUT jalaa bahuuf uummanni Oromoo yeroo kamiyyuu caalaa qindoomina isaa akka jabeefatu fi qabsoo isaanii akka haalaan jabeessanii itti fufan waamicha goona

Oromiyaan ni bilisomti

Adda Bilisummaa Oromoo

www.oromoliberationfront.net info@oromoliberationfront.net